# Daa’imman Keessan Qopha’aniiruu?

## Seera Talaallii K-12 Minnesota

Barattoonni mana barnootaatiif talaalliin fudhachuu qaban muraasatu jira ykn immoo sababa gahaa fudhachuu dhiisuu ibsu dhiheessuu qabu. Ulaagaan kun manneen barnoota hawaasaa, dhuunfaa, toora irrajiranii fi kan mana manaa Minesootaa keessa jiran hunda ilaallata. Kutaa daa’ima keessanii gabatee armaan gadii keessa ilaaluun dooziiwwan talaallii walii galaa umuriidaa’ima keessaniif barbaachisu hubadhaa.

| Talaalliiwwan Barbaachisan | Oolmaa Daa’immanii hanga Kutaa jahaffaa | Kutaa toorbaffaa hanga Kutaa Kudha Tokkoffaa | Kutaa Kudha Lammaffaa |
|---|---|---|---|
| Hepatitis B (Hep B) (Talaallii Tiruu) | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan |
| Pooliyoo (IPV) | 4 Dooziiwwan | 4 Dooziiwwan | 4 Dooziiwwan |
| Gifira, dhodhootoo, ruubeellaa (MMR) | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan |
| Variseelaa (Dhukkuba simbiraa) | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan |
| Difteeriyaa, tiitaanasii, fi pertaasasii(DTaP) | 5 Dooziiwwan | 5 Dooziiwwan | 5 Dooziiwwan |
| Difteeriyaa, tiitaanasii, fi pertaasasii (Tdap) | | 1 Doozii | 1 Doozii |
| MeningokokaalACWY (MenACWY) | | 1 Doozii | 2 Dooziiwwan |

**Yaadachiisa:** Hangi doozii caqasamee kun yoo daa’imni keessan sagantaa talaallii booda kan jiru ta’e adda addummaa qabaachuu mala. Daa’ima keessan talaalliin darbe yoo jiraate, rakkoo baay’ee hin qabu dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan dubbisuun akka qaqqabu taasisaa.

## Talaalliiwwan akka fudhattan jajjabeeffaman garuu immoo ulaagaa mana barnootaa kan hin taane.

Influweenzaa(flu), COVID-19, Hiyuumaan Paappiloomaavaayiress (HPV), Meningookokaall B (MenB) fi talaalliiwwan kan biroon Daa’imman guutummaatti eegamuu isaanii mirkaneesuuf ni jajjabeeffamu. Daa’imni keessan talaalliiwwan kunneen yoom fudhachuu akka qabu ilaalchisee dhiheessaa keessan dubbisaa. Odeeffannoo dabalataaf [CDC: Sagantaa Talaallii Maatii fi Mataa Keessanii (www.cdc.gov/vaccines/imz-schedules/index.html)](www.cdc.gov/vaccines/imz-schedules/index.html)ilaalaa.

## Odeeffannoo maatii fi guddistuuf

- Mana barnootaa eegaluun dura daa’imni keessan talaallii barbaachisaa hunda akka fudhate ykn waraqaa dhiifama talaallii akka dhiheeffatu mirkaneeffadhaa.
- Galagalcha ragaa mirkaneessa talaallii gara mana barnoota daa’ima keessaniitti ergaa. Galagalcha ragaa talaallii daa’ima keessanii kilinika ykn immoo karaa toora marsaaratii [Find My Immunization Record(www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records.html)irraa argachuu dandeessu.](www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records.html)
- Maaloo daa’imni keessan dhiifama talaallii sababa rakkoo fayyaa ykn sababa amantaa dhuunfaa fayyaan wal hin qabanne qaba taanaan unka gara galchituu guutaa.

[Talaalliiwwan Daa’ima dhalattuu, ijoollee fi Dargaggootaa (www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/kids.html)](www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/kids.html)

Waraqaa kana unka kan biroon argachuuf Sagantaa Talaallii karaa lakkoofsa bilbilaa651-201-5503 or 1-800-657-3970 qunnamaa.
08/2024 Oromo

DEPARTMENT OF HEALTH

